**Biiroo Investimantii fi Industirii Oromiyaa tiif**

**Finfinnee**

**Dhimmi:-** ***Lafa Investimantiidhaan Pirojektii kiyyaaf Boordii Investimantii Bulch/ Magaalaatiin Naaf Murtaa'e Waajjirri Lafaa Kaatota Misoomaa Najalaa Kaasuutti Turuudhaan Boordiin Inv/Oromiyaatiif Dhiyaatee Nama Kan Birootiif Murtaa'uu isaa Ilaallata***

Akkuma mata duree irratti ibsamuuf yaalametti ijoon dubbii kanaa gaditti gabaabsee ibsa:-

1. Lafa Magaalaa Adaamaa duraan ganda Odaa jedhamu keessatti lafa 400M² qaba ta'uu isaatii fi karaan lafa kiyyatti seenuudhaaf dhiphinni isaa 3m ta'eef dheerinni isaa 18m ta'uu isaa kaartaa irratti ni hubatama.
2. Lafa maqaa kiyyaan jiru sana akkaataa istaandaardii Magaalichaatiin (B+G+6) haala bu'a qabeessa qabuun misoomsuuf karaan ani duraan qabub 3m waan ta'eef inni maashinoota galchee beezimantii diiguudhaafis ijaaruudhaaf waan dhiphatuuf karaa 2m akka naaf dabalan ykn mana Gandaa pirojektii ani ijaaruuf deemu fuuldura jiran akkaataa jiruun akka najalaa kaasan xalayaadhaan Waajjira Kantiibaa gaafachuu kootiifi innis Waajjira Inv/Adaamaatiif qajeelchuu isaa.
3. Waajjirri Inv. Kunis mana Gandaa ana fuuldura akkaataa jiruun akka najalaa kaasu mana Qopheessaa xalayyaan gaafachuu isaa.
4. Mana Gandaa ana fuuldura jiraniif Sooshoon guuramee fedhii isaanii gaafatanii lafa filachuu isaanii.
5. Waajjirri Lafaa lafti Manni Gandaa irra jiru babal'ifannaadhaan Boordii Inv/Mag/Adaamaatiin naaf murtaa'uu isaatiii fi kaffaltii manni ittiin diigamuu fi lafti isaaniif ittiin qophaa'u qarshii 758,000(kuma dhibba torbaa fi kuma shantamii saddet) kaffali naan jechuu isaa.
6. Naga'ee kaffaltii ittiin kaffale.
7. Kiliiraansii mana qopheessaa kaffaluu kiyyaaf.
8. Biiroon Lafa Oromiyaa xalayaa Biiroon Inv/Innd/Oromiyaa pirojektii kiyyaa "Mixed Use Building" jedhamuuf ulaagaa narraa barbaadamu guutee booda

BIIO xalayyaa BLO tiif barreesse irratti hundaa'ee Waajjira Lafaa Mag/Adaamaatiif xalayaa erguu isaa.

9. Koreen Manaajimentii Lafa Mag/Adaamaa nama 15 ta'ee babal'ifannaadhaan naaf dabalamee akkan misoomsu BLO tiif deebii deebisuu isaa.

Asirratti hojjettuun BLO na keessummeessite lafa duraan harkaa qabdu irratti jalqabdu malee sinkeessummeessu naan jennaan karaan akka natti dhiphatee fi pirojektiin kiyya immoo beezimantii akka qabu itti himu illee nadinnaan...

10. Xalayyaan gaaffii dabalataa jedhu geessu illee furmaanni jiru Bulch/Mag/Adaamaa akka naa furu naaf ibsanii Adaamaatti deebi'e.
11. Waajji/Lafaa Mag/Adaamaa lafti Site pilaanii kaatota misoomaatiif qophaa'e maal irra akka jiru walitti barreessuu isaa.
12. Lafa kaatota misoomaatiif qophaa'e irratti ijaarsi seeraan alaa waan jiruuf kutaa Magaalaa saayitiin argamutti barreessuu isaa.
13. Ammas ijaarsi seeraan alaa waan hin kaaneef deebi'ee barreessuu isaa.
14. Ammallee ijaarsi seeraan alaa waan hin kaaneef deebi'ee barreessuu isaa.
15. Ijaarsi seeraan alaa saayitii kaatota misoomaatiif qophaa'e irraa diigamuu isaa.
16. Kaatota misootiif kaartaan akka hojjetamu barraa'uu isaa.
17. Kaartaa kaatota misoomaa pirojektii kiyya jalaa ka'anii.
18. Kiliiraansii Manni Qopheessaa kaatota misoomaatiif lafti kennamuu isaa ibsu.

Adeemsa kana hunda booda gara adeemsa itti aanutti darbuudhaaf jedhu iddoon pirojektii kiyyaaf itti dhama'aa ture nama birootiif BIIO titti murtaa'uu isaa naaf ibsan.

Ani amma kanan Boordii kanaan jechuu barbaadu:-

1. Namni nafaallaa jiru kuni murtee qabaatullee infoormeeshinii dogoggoraa irratti murtaa'eef.
   A. Lafa ani dura harkaa qabu mirga dursaas irratti qabu gaaffiis dura gaafadhee Boordii Inv.Magaalaa keenyaatiin naaf murtaa'ee adeemsarra jiru irratti infoormeeshinii gahaa osoo hin qabaatin ykn beekaatuma anarratti gaafatamuu isaa.
   B. Kaffaltii Mana Gandaa 11 qarshii 440,000(kumadhibba afurii fi afurtama) bara 2017 kaffale keessaa kan nama 3 bara 2013 qarshii 758,000(kuma